IBSA MISEENSOTA GAMEEYYII ABO IDL-ADDUNYAA IRRAA KENNAME

Hagayya 24, 2020

Ummatni Oromoo kufaatii ABUT booda haalli ce'umsaa ni aanja'a, carraa gaarriinis ni uumama akkasumas haalli duraan ture ni jijjiirama yaada jedhuun humna aangootti ol ba'ee "haaromsaa" goona jedheef carraa kennee ture. Humnootni siyaasas haala fuulduree biyyattii waluman mijeessina maqaa jedhuun biyya alaa irraa seenan. Kunis ta'uun hafee waadaan seenames cabee, gartuun Koloneel Abiyyi Ahmad hoogganu aangoo irra of tursuuf jecha bifa abbaa hirrummaa durii sanatti deebi'e.

Akkuma barame humni aangoo qabate kun Oromoo ajjeesuu, hidhuu fi miidhama qaamaaf saaxiluun itti fufe. Ilma Oromoo beekamaa fi qabsaawaa qaroo, Hacaaluu Hundessaa Waxabajjii 29 bara 2020 Finfinnee keesstti ajjeechise. Kana sababeeffachuun hooggantoota Oromoo danuu hidhaatti guure. Ummata hiriira irraa qooda fudhate keessaa dhibbaatamatti ka lakkaawaman galafate, kumaatamatti ka lakkaawaman ammoo hidhe.

Haalli kun Oromiyaa goolii daran wal-xaxaa keessa seensisee jira. Sirni kun bulchiinsa Nafxanyaa deebisuuf marxifatee akka hojjetaa jirus haalli ifatti mul'isa. Fakkeenyaaf, adduunyaan siidaalee koloneefataa tibba diigaa jirutti Koloneel Abiyyi siidaa koloneefataa Nafxanyaa haaroomsa. Torbee darbe keessa ummatni Walaayittaa gaaffii ofiin of bulchuu gaafte ukkamsuuf ummata Walaayittaa humnaan weraare.

Akka amannutti, ummatni cunqurfamoon hundi gamtaan hojjechuu qofaatu gidiraa kan keessa nu baasa. Keessattuu, tokkummaa fi kutannoon ummata Oromoo duumessa jeequmsaa as deemu keessaa nu baraara jetnee amanna. Kunuu, yoo jidu-galeessa waraanaa wal-irratti banuu keessa hin seenamne qofa ta'a.

Tokkummaan humnoota siyaasaa Oromoo yeroo barbaadamutti, akka yeroo ammaa kanatti, achii as ba'uu dhabuun rakkoo guddaa ta'ee jira. Kunis fedhii ummataa irra fedhiin dhuufaa dursu nutti mul'isa. Gar-tokkeen humnoota siyaasaa Oromoo gartuu Paartii Badhaadhinaa fi warreen abdii sirna Nafxanyaa irraa qaban waliin nutti duulaa jiru.

Waliigalattii ibsa kanaan walqabsifnee:

- Nuti hooggantootni gameeyyiin ABO ajjeechaa Hacaaluu Hundeessaa irratti ta'e ni balaaleftna, akkasumas qaamni walabni qoratee, kan ajjeese hatattaaman akka seeratti dhihaatu jenna.
- Hidhamtootni siyaasaa, fi hooggantootnii Oromoo hidhaman akka gad-lakkifaman.
- Humni mootummaa hundinuu hatattamaan Oromiyaa gad-lakkisanii akka ba'an, akkasumas loltootni ummata meesha-maleeyyii ajjeesan akka seeratti daddaaffiin dhihaatan gaafatna.
- Orommoota dhuunfaanis ta'e akka jarmaayaattii Nafxanyoota-baranee Koloneel Abiyyiin hoogganamuu fi weerara duguuggaa sanyii wal-irraa hin citne ummata Oromoo irratti bobbaasan ni balaaleeffatna.
- Keessattuu, jarmaayaa maqaa ABOn humnoota Nafxanyootaa waliin wal-ta'uun saba keenyaa fi bilisummaa Oromoof kaneen qabsaawan faallaa dhaabbatan mara ni balaaleeffatna.
- Qeerroo fi Qarreen biyya abbaa fi haadha isaaniif osoo falmanuu wareegamaniif, akkasumas falmaa itti fufanii jiran maraaf galata daangaa hin qabne dabarsna. Isinnin boonna!

Maayyii irratti, ummatni Oromoo harka wal-qabatee, gamtaan qabsoo isaa akka finiinsu, haala amma isa mudate tokkummaan akka irra aanu gadi jabeessinee dhaamna. Itti dabalees, ummatoota cunqurfamoo sochii godhan cinaa dhaabachuun akka qabsoon bilisummaa itti fufnu waamicha goona.

Oromiyaan ni bilisoomti!

Adda Bilisummaa Oromoo